Murteessa Adabbii

Baga Nagaan Turtan


25

Dhiyessaan: Tolasaa Damee

Ebla 2005

Seensa Waliigalaa

- Durdur dabbiin balleessaa adda addaa hordofuun kennamaa ture baay’ee suukaneessaa fi kaayyoo sirna haqaa yakka





- Adabbiin haala akkasiin kennamaa ture qajeeltoowwanii fi ulaagaalee seera yakka, mirga dhala namaa fi bulchiinsa sirna haqaa yakkaa kan hin hordofnee fi gonkumaa sirnaa fi qajeeltoo ittiin hogganamu kan hin qabne ture.
- Haata’u malee, guddina sirna seeraa adda addaa fi dagaagina gaaffii mirga dhala namaa wajjin qajeeltoowwan seera yakkaa fi adabbiin yakkaas guddachaa dhufaniiru.

Kayyoo Waliigalaa Leenjii Kanaa

Xumura leenjii moojuulii kanaan leenjifamtoonni:

- Yaada waliigala maalummaa fi kaayyoo adabbii ilaalchisee beekumsa duraan qaban irratti ni dabalatu.
- Rakkoolee qaawwa seera adabbii fi haanqina hubannoo irraa maddaan haala qabatamaa jiru waliin addaan baastani ni hubatu.
- Yakkoota sadarkaa hin baaneef ilaalchiise bu’uura qajeelfamichaatin adabbiin haala kamiin murtaa’u akka qabu toofta fi ogummaa isaa ni gonfatu, hubbannoo qabdanis daran ni cimsuu.

Adabbii Akka Waliigalaatti

- Biyyootni hedduun seerota qaban iddo lamatti qooduun ni ilaalu. Isaanis: seerota dantaa dhuunfaa fi dantaa hawasaa akkuma waliigalaatti ilaallatan **(private law and public law)** jedhamuun beekamu.
- Seerri yakkaa dantaa waliigalaa uummataa, tasgabbii fi nageenya hawaasaa akkasummaas mootummaa biyya tokkoo eguu fi mirkanneessuuf kan bahu waan ta’eef seeroota mirgoota waliigalaa hawaasaa kabachiisudhaaf (Public law) bahan jalatti kan ramadamu dha.
- Dhimma yakkaa ilaalchisee goosota yakka adda addaatiif adabbii fi tarkaanfiiwwan biroo fudhatamu akka danda’amu kewwatoota kutaa adda seerichaa keessatti tarreefaman irra hubbachu ni danda’amaa.

Maalummaa Adabbii

Akkuma garaagarummaan qabiyyee fi gosoota adabbii hawaasa addunyaa garaa garaa biratti mul'atu, hiikni adabbiif kennamus adda adda ta'uu ni danda'a.

Jechi adabbii jedhu adeemsaa jiruuf jireenyaa ilma nama keessatti namni tokko hawaasa jiraatu keessaatti dudhaalee amantaa, aadaa yookiin hawaasummaa bira darbee yoo argame mirga isaa daangessuun tooftaa adabamaa ittiin sirreessan jechuu akka ta'e seenaa waliin jireenya dhala namaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Akka **Flew fi K. Baier** itti, adabbii jechuun:

Yakkamaa yakkaa raawwateef mirga inni qabu keessaa isaan muraasa mulquun akka dhukkubbiin itti dhagahamu gochuuf qaama mootummaa qofaan kan raawwatamuu dha jechuun ka'u.

Adabbiin adeemsotaa fi dhimmoota walxaxoo ta'an hedduu kan of keessatti hammatu (seera tumuu, balleessummaa himatamaa mirkanneessuu, gocha raawwatameef adabbii shallaguu fi murtessuu fi k.k.f) mirgoota yakkamaa seeraan ifatti kaa'aman kan dhabsiisuu akka ta'e ni kaa'u.

- Hayuun **Hal Hart** jedhamu immoo adabbii jechuun namni tokko dhimmoota seeraan akka hin raawwanne yookiin akka raawwatu ajajame bira darbe yoo argame qaamota seera kana kabachiisuuf yookiin raaawwachiisuuf angeeffamaniin kan kennamu akka ta’e ni ka’a.
- Hiikkoo barreeffamoota armaan olitti kenname irraa kan hubatamu ijoon hiikaa isaan kennan keessatti mula’atu kan walitti dhiyaatu dha.
- Kunis, adabbii jechuun nama seera tumamee tokko bira darbuun gocha yakka raawwatee tokko irratti tarkaanfii sirreefamaa ykn mirga inni qabuu muraasa mulquun dhukkubbii akka itti dhagahamu kan itti taasifamuu ykn haala faayidaa irraa itti daangessinuu ta’e qaama aangoo qabuun kan fudhatamu dha.

Kaayyoo Adabbii

- Adeemsii fi raawwiin sirna haqaa yakkaa biyya tokko akka waliigalaatti nageenya, tasgabbii, mirga fi faayidaa uummataa kabachiisuu kan danda'u namoota yakka raawwatanii argaman seera duratti dhiyeessuudhaan murtii yakkamtoota barsiisuu, dandetti yakkaa raawwachu dhabsiisu fi hawaasaa akeekkachiisuu dandaa'u yoo kennamee dha.
- Kana jechuunis adabbiin yakkamtoota irratti murtaa'u haala yakkamaa fi gocha yakkaa inni raawwate irratti hundaa'un karaa tokkoo yakkamaa barsiisuu (akeekachiisu), dandetti yakkaa raawwachu dhabsiisu yommuu ta'u karaa birootiin immoo hawaasa akeekachiisuu irratti xiyyeeffachuun nagaaf tasgabii hawaasaa eeguu fi mirkaneessuu keessatti guumaacha kan taasiisu ta'uu qaba.
- Gaaffiin adabbiin kaayyoo maaliif namoota irratti raawwatama? Duuba isaa yaada maaltu jira? jedhu hayyoota yeroo gara garaa turaniin deebiin itti kennamuuf yaalamaa tureera.

- Walumaagalatti kaayyoo adabbii beekamoo ta’an bakka afuritti kan qoodamani dha. Isaanis:

Haaloo Bahuu (Retribution or Payback):

- ✓ Haala yakkichaa qofa irratti kan xiyeefatee dha. Kaayyoon kun bifaa dur ittin beekamuun ”ija ijaan, ilkaan ilkaaniin” yaada jedhu hordofa.
- Yakkamaa irraatti jijjiramaa fiduuf kan xiyeeffatee miti.
- ✓ Kaayyoon adabbiin inni guudaan yakkamaa irratti haloo bahuu yoo ta’uu baatees fedhii hawaasa hanga ta’e guutuun sirna haqaa yakka biyyaa tokko keessatti dhimma xiyyeeffannoo argachu qabu dha.
- ✓ Hawaasni immoo akkumaa isaan yakkamaadhaan miidhaman, yakkamaaniis miidhame arguuf haawii guudaa qabu.
- ✓ Kaayyoon adabbiin kun bifaa dur ittin beekamuun

Akeekachisaa Dabarsuu (Deterrence)

- Namni yakka raawwachu irraa kan of qusatu gocha inni raawwatuf adabbii seeraan yoo ka’amee dha.
- Yakki akka hin raawwatamne ittisuu irraatti kan xiyeefate dha.

Kaayyoon kun ergaa lama qaba

Akeekkachisaa waliigalaa- hawaasa giddutti akka waligalaatti yakka ittisuu kan ilaallatu dha.

Akeekkachisaa dhunfaa-yakkamaan mataa isaa fulduraaf yakka biraa raawwachu irraa akka of qusatu kan godhu dha.

- Karaa hundaan murtii yeroo madaalawaa ta’e keessatti kennamu jiraachu qaba.

Dandeettii Dhabsiisu (Incapacitation)

- ✓ Yakkamaan gara funduraatti yakka biraa raawwachu akka hin dandenye gochu irratti kan xiyeefate dha.
- Baasii hawaasicha dabaluudhaan akkasumas
- Adeemsa seera sirrii ta’e /due process of law/ hin hordofu jedhame qeeqama.

Sirreessuu fi Barsiisuu (Reformation or Rehabilitation)

- Yakkamaa haala ilaalcha yakka qabu *barsiisanii jijjirudhaan sirraa'ee lammii gaarii akka ta'uu* fi *yakka biraa akka hin raawwanne gochuudhaan* hawaasatti deebisuu irraatti kan xiyyeefate dha.
- Adabbiin du'aa seera yakkaa keenya keessatti ka'amuun isaa kaayyoo adabbii isaa kamii guutuudhaaf yaadameti jettu?
- Abbootiin seera murtii adabbii kennamu keessatti yeroo baay'ee kaayyoon adabbii haloo bahuu otoo hinn ta'in yakkamaa barsiisuu waan ta'eef kan jedhu barreessuu??
- Akka waliigalaatti seerri yakkaa keenya kaayyoowwaan adabbii armaan olitti ibsaman kan haammatu waan ta'eef Abbaan Seeraa tokko adabbii murteessuun dura kaayyollee adabbii seeraa keenyaa keessatti tarreeffaman kana hubachuu fi bu'uura kaayyolee kana galmaan gahuu dandaa'uun murteessuutu isa irraa eegama.

Qajeeltoowwan Murteessa Adabbii muraasa

Isaanis

- **Walfakkina(uniformity)-**Garaagarummaan amalaa,ciminaa,haala raawwii ni hayyamama (kwt-88(2), 82, 84 fi kan birootiin.
- **Wal-gituu (Proportionality)**. -Yakkaa fi yakkamaan ilaalamee adabbiin gitu kennama.

  Adabbiin yakkamaa irratti murta'uu gocha inni raawwatee fi haala yakkamaa waliin madaalawaa yoo ta'uu baate yakkamaa adabuudhaan kaayyoo seera yakkaa galmaan gahuuf yaadame fixaan baasuun hin danda'amu.
- **Iftoomaa fi itti gaafatamummaa -**Bu'uura sadarkaa baye keessatti waan murtaa'uufi.

  Abbootiin seera adabbii isaan murtessan sababa gaha ta'een deegarani ibsu qabu. Kana malees murtii isaa dhaddachaa ifa ta'e irratti hawaasaaf ibsu qaba.
- **Tilmaamamummaa(Predictablity)** - Uummatni bu'uura sadarkaa bayeen tilmaama itti dhiyaatu kennuu danda'a.

Adabbii sirri ta’ee yakkamaa irratti murtessuu (rakkoolee qabatamaan mul’atan)

- Adabbii yakkootaaf ka’amee ilaalchiise yakkaa tokkoof adabbii gosa adda addaa, kan gosa tokko ta’es daangaa bal’aatiin haala itti ta’e wajjiin wal qabatee rakkoo hojjimaata ni mul’ataa.
- Hanga adabbii murtaa’u qabu irratti gama lameenu manni murtiif aangoo bal’aa ta’e (discretion) isaaf kennamee jira.
- Seera baaftuun tokkoon tokkoo yakkaaf reenjii adabbiin keessatti murtaa’u kaa’eera (Reenjii taa’e keessattis adabbiin murtaa’a) (ፍቅድ ሰልጣን).
- ✓ Abbootiin seeraa reenjii taa’e keessattis adabbiin murtaa’a ni filatu
- Adabbii hidhaa salphaa fi cimaa filannoodhaan yeroo ka’aman abbootiin seera lameen keessa isa tokko filachuuf sy kwt-106 fi 108 ilaaluu isaan irraa eegamaa.

- Hidhaa salphaan nama yakka ciminni isaa **giddu galeessa ta’e** raawwateefi balleessichis hawaasichaaf balaafamaa fakkaatee yeroo hin mul’annetti murtaa’a.
- Adabbiin hidhaa cimaa kan murtaa’u, kanneen yakka **cimaa raawwatanii** fi keessumattuu yakkamtoota **hawaasichaaf balaafamoo** ta’an irratti dha.
- Adabbiin hidhaa salphaa adabbii qarshii wajjiin filannoodhaan yeroo ka’amuu manni murtii lamaan keessaa isa tokko filatee murtessuu qaba malee, lameennu filannoodhaan murtessuu hin qabu.
- Adabbii baatii sadii ykn qarshii 600….
- Kun ta’u baanaan adabbiin murtaa’u kun raawwii irrattis dhibba uumuun isa ifa dha.

.

- Kutaan addaa seera kanaa adabbii maallaqaafi hidhaa filannoon kan tume yoo ta’e, manni murtichaa cimina yakkichaafi haala yakkamtichaa madaaluun barbaachisaa ta’ee yoo arge lamaanuu walfaana murteessuu ni danda’a (kwt-91).
- Yakkamaan tokko sadarkaa falmiin duraa ykn falmiitti (in pre-trial or trial stage) harki isaa qabame turu ni danda’a.
- Yeroo baay’ee abbootiin seera murtii isaan keessatti sababa kanaan guyyaa harki isaa qabame kaase adabbii…
- Walumaagalatti abbootiin seeraa gosoota adabbii kutaa addaa seerichaa keessatti filannoodhaan ykn reenjiidhaan kaa’aman keessaa adabbii isa tokko yommuu filatu, adabbiin inni filatee sun sirrii akka ta’e, sababa fi haalli murtii sana itti filachuu danda’e kaayyoo adabbii isa kam kam irratti xiyyeeffate akka ta’e ifaan yoo hin keenye adabbiin kenname akka seera baastuun yaadetti hojii irra olaa jira jedhanii dubbachuuf kan rakkisuu ta’a.

S/Y Itoophiyaa jalatti tumaaleen waliigalaa murteessa adabbii ilaallatan

- kwt. 88 (sirna murteessa adabbii)
- Kwt. 84 (tumaalee waliigalaa adabbii cimsan)
- Kwt. 82 (Tumaalee waliigalaa adabbii salphisan)
- Kwt. 85 (tumaalee addaa adabbii cimsan)
- Kwt. 83 (tumaalee addaa adabbii salphisan)
- kwt. 179-189 (Adabbiin yoo salphatuu fi cimu hanga adabbii murtaa'u)
- Kwt. 190-200 (Adabbii Daangeessuu) fa'a.

Tumaalee garaagaraa kanarratti hundaa'ee adabbiin duraa duuba kamiin murtaa'a?

- Seera yakka kwt. 189(3) kan armaan gadii kaa'eera;

  Sababoonni adabbii cimsaniifi salphisan adda addaa walirra bu'anii kan argaman yoo ta'e, manni murtichaa jalqaba sababoota adabbii cimsan bu'uura godhachuun adabbicha erga cimsee booda, sababoota adabbii salphisan bu'uura godhachuun adabbicha ni hir'isa.

- Kanarraa akka hubachuun danda’amutti dursa adabbicha cimsuuf maal irraa kaana? Gaaffii jedhu nutti kaasa. Kanaafuu, ifatti taa’uu baatu illee Abbaan seerichaa;
  - ✓ Dursa ka’umsa isaa kaa’uu akka qabu,
  - ✓ Sababoota adabbii cimsan bu’uura godhachuun adabbicha erga cimsee booda,
  - ✓ Sababoota adabbii salphisan bu’uura godhachuun adabbicha ni hir’isa.
- Ka’umsi meeqa haa ta’u?
- Kan cimsan yoo jiraate, hangamiin cimsa?
- Kan salphisu, hangamiini? Isaan jedhaniif Seerichi ifaatti deebii hin qabu.
- Kanaafuu, seera yakkaa keenyarra tumaaleen taa’an adabbiiwwan mana murtiitti kennaman.
  - ✓ Kan walfakkaatu (uniform)
  - ✓ Sirrii kan ta’e gochuuf gahumsa kan qabu miti /hin ture/.

- Adeemsa kanaan dura tureen abbootiin seeraa galmee kamirrattuu ka’umsi isaa meeqa akka ta’uu qabu hin kaa’an.
- Sababoota cimsuu fi salphisuu dhiyaatan kan fudhatanii fi kan hin fudhanne adda baasanii booda sababoota kana wajjin walitti dhufeenya qaban haala ibsuun hin danda’amneen duuchumaan hangi adabbichaa kaa’ama.
- ✓ Waan kana ta’eefis biyya keenyatti murteessi adabbii sababaahaa (reasonable) ta’uun kan isa hafu.
- Abbaa seeraa tokkoon yeroo adda addaa ykn abbootii seeraa adda addaatiin yakkoota walfakkaatanii fi walitti dhiyaatan irratti murtiin adda addaa kennameera.
- ✓ Kanarraa kan ka’e murteessi adabbii tilmaamamaa ta’uu dhabeera,
- ✓ Murteessi adabbii iftooma kan hin qabnee fi qaamolee haqaarrattis itti gaafatamummaa fiduuf kan hin dandeessisne ta’ee argama.

Qajeelfamaa Adabbii Itoophiyaa 1/2002

Kaayyoo (Qkwt. 3)

Sirna haqaa seera yakkaa keessatti iftoomaa fi itti gaafatamummaa haala mirkaneessuu danda'uun adabbii bu'a qabeessaa fi tilmaamamaa sirnicha keessatti fiduudhaan yakki akka hin raawwanne ittisuu dha.

Galmi

a. Yakkoota wal-fakkaatanii fi walitti dhiyeenya qabaniif adabbii walitti dhiyaatu (Uniform) kennuu mirkaneessuu.
b. Akka ulfinaa fi cimina yakkichaatti adabbii wal madaalu kennuu mirkaneessuu dha.

Gabatee Gulantaa adabbii

- Akka qajeelfamichaatti adabbii murteessuuf gabatee qophaa'e dha. Gabateen bakka lamaati qopha'eera. Isaanis:
- Gabatee gulantaa adabbii hidhaa fi gabatee gulantaa adabbii qarshii jedhamani beekamu.

Gabatee Adabbii Hidhaa

- Gabatee adabbii hidhaan gulantaa xiqqaa hojii dirqamaa guyyaa 1 hanga adabbii isa dhumaa du'a gulantaa 39 of keessatti qabatu dha.
- Kaayyoon isaa s/y kwt. 88(4) fi qaj.1/2002 kew-5 keessatti bu'aa yaadame fiduu dha.
- Kunis; sirrummaan murtii adabbii fi wal fakkaattummaa isaa mirkaneessuuf.
- Kanaafuu, gabateen kun haaluma tumaaleen waliigalaa tumaalee adabbii addaa of-keessatti qabateen tumaalee adabbii seerri yakkaa kaa'e raawwachiisuuf qajeelfama bahe dha.

Yaadota Bu'uuraa Gabatichii Bu'uureffatu (qaje.kew.6)

1. Ka'umsi adabbii akkuma ol dabalaa deemuun jalqabaa fi baaxii isaa jidduutti reenjiin jiru dabalaa deema.

- Reenjii xiqqaan baatii sadi (3) yoo ta’u inni guddaan immoo waggaa shani (5).

✓Gulantaa adabbii 1 – reenjii baatii sadii (baatii 2 fi guyyaa 20) gadi kan hin taaneen

✓Gulantaa adabbii 12 – reenjii baatii jahaa gadi hin taane.

✓Gulantaa adabbii 21 – reenjii waggaa 1 gadi kan hin taane.

✓Gulantaa adabbii 29 – reenjii waggaa 2 gadi kan hin taane

✓Gulantaa adabbii 34- reenjii waggaa 3 gadi kan hin taane

2, Ka’umsi gulantaa adabbii yoo taa’u, gulantaa gadi aanu irraa giddugaleessa ka’umsaa fi baaxii isaa fudhachuuni (kwt-6(3d),

Fkn.Ka’umsi adabbii gulantaa 12ffaan waggaa 2 dha. Adabbiin ol’aanaan gulantaa kana immoo waggaa 2.6 dha. Kanaarraa ka’uun ka’umsi adabbii gulantaa 13ffaan waggaa lama fi baatii sadii ta’a jechu dha.

3. Hojiirra oolmaa qajeelfamichaaf jecha hidhaan salphaa guyyaa tokkoo hojii dirqamaa guyyaa 1 (sa’aa 8) waliin akka wal gitutti fudhatameera (kwt-6(3f) fi s/y kwt. 103)

- Kanaafuu, gulantaa 1-3 tti fakkeenyumaaf akka agarsiisaatti hidhaa fi hojiin dirqamaa filannootiin taa’aniiru.
- Qajeelfamiichs kwt-6(3f) fi gabatee tokkoffaa guulantaan 2-3ti haalli adabbii itti ka’amee akkamitti ilaaltu?
- Seerri yakka keenya hoo dhimma kana ilaalchiise maal jedha?

4. Akka s/y kwt. 179(1f)ti yeroo adabbii hidhaa salphaa salphifamu gara adabbii maallaqaatti akka jijjiiramuu dandaa’u waan kaa’uuf gara maallaqaatti yoo jijjiiramu meeqa akka ta’uu qabu haala mul’isuun gulantaan adabbichaa qophaaheera.

Gabatee Adabbii Qarshii

- Kaayyoon gulantaa adabbii maallaqaa itti qophaaye kaayyoo gulantaa adabbii hidhaan tokkuma.

Yaadota gulantichi bu'uureffatu;

1. Gabatichi yoo qophaahu s/y kwt. 90(1) irratti kan tumame adabbii baaxii 500,000 fudhachuuni. Haaluma kanaan baaxiin adabbii maallaqaa isa xiqqaa qar. 1000 gochuun hanga qar. 500,000 haala gahuu danda'uun qophaaheera.
2. Ka'umsi xiqqaan gulantaa hundumaayyuu kan wal-fakkaatu yoo ta'u (qar. 10 fi 100 dha).

   Kanaafuu bu'uura s/y kwt. 90(2) adabbiin maallaqaa yoo murtaa'u yaadotni bu'uureffamuu qaban kan akka galii adabamaa, qabeenyaa isaa fa'a ilaalamuu waan qabaniif akkuma haala isaatti adabbii qarshii murteessuun kan hafuu danda'u ta'uun yaada keessa galee hundumaafuu ka'umsi wal fakkaatu kan seeraan taa'e akka ta'u godhameera.

Tumaalee Waliigalaa Qajeelfamichi Itti Hoogganamu qajel.kew-4

1, S/y kwt. 189(1) irratti manneen murtii adabbii yoo murteessan dursa cimsuu (aggravate) gochuu akka qaban , Itti aansuunis sababoota salphisan bu'uureffachuun salphisuu akka qaban tuma. Kunis abbootiin seeraa cimsuu fi salphisuun adabbii murteessuun duratti adabbii ka'umsaa kaa'uu akka qaban nutti mul'isa.

- Kanaafuu, qajeelfamichaan adabbiin murtaa'u dursa **adabbii ka'umsaa** murteessuutiin jalqaba.

2. S/y kwt. **88(4)** adabbii wal-fakkaatuu fi sirrii ta'e murteessuu mirkaneessuuf MMW Federaalaa qajeefama adabbii akka baasu ibsa.

- *Kana bu'uureffachuunis adabbii ka'umsaa murteessuuf dursa sadarkaa yakkichaa baasuun barbaachisaa akka ta'e qajeelfamichi* ni kaa'a.

3. Seera baaftuun tokkoon tokkoo yakkaaf reenjii adabbiin keessatti murtaa'u kaa'eera (Reenjii taa'e keessattis adabbiin murtaa'a) (ፍቅድ ሰልጣን).

- ✓ Abbootiin seeraa reenjii taa'e keessattis adabbiin murtaa'a ni filatu.

4. Akka S/y kwt. 183 tti kutaa addaa seera yakkaa keessatti tokkoon tokkoo yakkootaaf adabbii ol'aanaan kan murtaa'u sababootni adabbii cimsan waliigalaa yoo jiraatan akka ta'e kaa'a.

- ❑ Waan kana ta'eefis ka'umsi adabbii sababoota adabbii cimsan bu'uureffachuutiin osoo adabbiin hin cimin duratti ulfinni yakkichaa kan ol ka'e ta'ullee seerri yoo murteesse malee (fkn. du'aan adabsiisa, hidhaa umurii guutuun, ykn adabbii hidhaa waggaa shaniin kanaan ykn qarshii 10,000tiin adabsiisa) baaxii hin ga'u.

- Qajeelfamichis sadarkaa yakkaa ol’aanaa hundaafuu adabbii ka’umsaa yoo kaa’u kutaa addaa keessatti adabbii baaxii yakkichaaf taa’e irraa gadi bu’uutiin haala murtaa’uu dandeessisuuni.

5. Yakkootni gulantaa walfakkaatanirra jiran sababoota adabbii cimsanii fi salphisanii walfakkaataniin daballi ykn hir’inni jiru wal-fakkaachuu qaba.

6. Qajeefamichi tumaalee murteessa adabbii seera yakkaa keessa taa’an raawwachiisuuf kan bahe waan ta’eef, qajeefamoota waliigalaa seera yakkaa keessa taa’an waliin ilaalamee hiikamuun itti hojjetamuu qaba.

Fkn,Sababootni yakkicha cimsan ykn salphiisan wantoota jajjaboo (elements) yakkicha hundeessan yoo ta’an akka sababa cimsuutti hin fudhataman (seera yakka kew-82(2) fi 84(2). Waa’een adabbii daangessuufaas ilaalamuu qabu.

Fkn. **82(1D) fi 541(B), 84(1E) fi 556(2C)**

Adabbii Bu’uura Qajeelfamaan Murteessuu

1. Adabbii ka’umsaa akkamitti murteessina?
2. Sababoota cimsaniin akkamitti murteessina?
3. Sababoota salphisaniin akkamitti murteessina?

Yaadota ka’uumsa sadarkaan yakkichaa itti murtaa’e

- Adabbii ka’umsaa murteessuuf dursa sadarkaa yakkichaa adda baafachuu qabna.
- S/Y kwt. **88(2)** adabbichi murtaa’uu kan qabu, hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa barumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaa fi haalawwan raawwii isaa madaaluun ta’a.
- Sababootni kwt- kana jalatti ka’aman kan mul’isan yakki raawwatamee fi seerri cabe tokko yoo ta’ellee guutamuu fi guutamuu dhiisuu sababoota tumaa kana jalaa irratti hundaa’uun adabbiin yakkamtoota adda addaaf kennamu gidduutti garaagarummaan uumamuu akka danda’u dha.

- Yakka tokkoof sadarkaa baasuun kan barbaachiseef akka ciminaa yakkichaati adabbii ka'umsaa ta'u murteessuuf waan ta'eefi,
- Sababootni kwt. 88(2) jalatti jiran hundi sadarkaa yakkichaa (adabbii ka'umsaa) murteessuuf hin oolan.
- Sababbn isaas *akka sababa adabbii cimsuu ykn salphisuutti* kan taa'an ta'uu tumaalee jiran ilaaluun ni hubatama.
- , balaafamummaa amala dhuunfaa yakkamaa (dangerous disposition of the criminal) ilaalchiise …
- ✓ "…kan raawwate gantummaan yookiin saragummaan, salphummaan yookiin amala badaa goomannaa,…" kwt-84(1a) akka sababa adabbii cimsutti.
- ✓ Garraamummaan yookiin mudannaa hin

- Sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasanii fi kaayyoo yaada isaa ilaalchiise “fedhii kabajamaafi faayidaa dhuunfaa irratti hin hundoofneen yookiin amantaa olaanaa amantiin, safuun yookiin hawaasummaan kaka’ee yoo ta’e” kwt 82(1a); amalli nama miidhamee qorumsa cimaarra isa buusee, kakaastummaa jeequmsa cimaatiin kwt-82(1d)
- Haala jireenya yakkamaa ilaachiise, haala qabeenya isaa, madda galii isaa, itti gaafatamumma maatii bulchuu isarra jiru,… ket-90(2) adabbii qarshii murtessuuf ka’ameera.
- Seenaa jireenyasaa darbee ilaalchiise

✓ yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa yookiin barsiifata godhatee qabachuun isaa …kwt-84(1C),

✓ Yakkamtichi hanga yeroo yakkicha raawwateetti amalli isaa yeroo hundaa gaarii yoo ta’eefi.. Kwt 82(1a)

- Sadarkaa barumsa isaa ilaachiise xiqqeenya beekumsaatiin, beekuu dhabuun, kwt-82(1a)
- Haalawwan raawwii isaa ilaachiise yakkicha kan raawwate aangoo isaa, hojii isaa, yookiin amantaa yookiin

- Itti gaafatamummmaa isarra kaa’ame haala hin malleen itti tajaajilamuun yoo ta’e; kwt-84(1b), Yakkichaa gareedhaan raawwachuu kwt-84(1d), halkaniin yookiin shororkaadhaan yookiin jeequmsaan, balaa dawoo godhachuun, meeshaa waraanaatiin yookiin meeshaa balaafamaa birootiin kwt84(1c)
- Akka s/y kwt. 189 tti immoo sababootni adabbii cimsuu fi salphisuu kan fayyadan erga ka’umsi adabbii murtaa’ee waan ta’eef ka’umsa adabbii murteessuuf nu hin gargaaran.
- Seeriichis ka’umsa adabbii fi baaxii isaa gidduu gargaarummaa guddaan jiraatee akka taa’u kan taasises yakkichi tokko ta’us sadarkaa **cimina** isaarratti hundaa’uun akka murteeffamuufi (fkn. Waggaa 1-10,1-15) kkf.
- Haalawwan kana keessaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka hundeessuuf kan ka’amaniis sadarkaa ciminaa yakkichaa addaan baasuun adabbii ka’umsaa murtessuuf itti fayyadamee jira.

- Cimina yakkoota sadarkaa bahe murtessuuf haalli itti garaggaraman ilee wal-caalmaa isaanii madaaluuni;
- Fkn miidha qaama(kwt-555-560) ilaalchiise miidha gahe madaaluun, yakkoota malaammaltummaa (407), gowwoomsuu(692 fi 693), hanna(665 fi669) fi saamicahaa (670 fi 671) tilmaama faayida argameetiin sadarkaa yakkichaa madaaluuf akka sababa tokkotti fudhatamani jiru.
- **Waan kana taa'eefis yakkamaan seerri itti yakka jedhame tokko ta'ullee cimina yakkichaa irratti hundaa'uudhaan adabbiin inni tokko irratti murtaa'u isa kaan irraa adda ta'a; ka'umsi adabbii isaaniis walfakkaachuu waan hin qabneef akkuma cimina yakkichaatti ka'umsi isaa isa xiqqaa irraa jalqabee gara guddaatti ol guddachuu qaba.**
- Yakkootni sadarkaan hin baaneefi gara fuula duraatti sadarkaan kan bahuufi yoo ta'u hangasitti sadarkaan yoo qophaa'uufii baate illee adabbicha murteessuuf akkamitti sadarkaan ba'uufii akka qabu qajeelfamichi qajeelfamoota waliigalaa qabatee baheera kew-13.

Sababootni Adabbii Cimsanii fi Salphisan

- Sababootni waliigalaa Adabbii cimsanii fi salphisan yeroo waliin jiranitti Adabbii Shallaguu. S/Y kwt 189

Sababoota Adabbii Cimsan Waliigalaa

- Bu’uura s/y kwt. 84 sababootni keewwattoota xiqqaa shanan jiran keessatti kaa’aman tokkoon tokkoon isaanii akka sababii adabbii cimsu tokkooti fudhatamu.
- Kana yoo jennus sababootni tarraa’an kwt. xiqqaa tokko jala jiran hundi guutamanis, gartokkeen guutamanis tokkoon isa akka sababa adabbii cimsu tokkootti fudhatama. Kanaafuu kew. 84 jalatti sababootni adabbii cimsan 5 tu jira.
- ✓ Sababni adabbii cimsu tokko kan cimu gulantaa tokkooni qaj. Adabbii kew-14(4)
- ✓ Kanaafuu bu’uura baay’ina sababoota adabbii cimsaniin adabbichi ni cima.

Fakkeenya

- Yakki raawwatame miidhaa qaamaa cimaa dhaqqabsuu dha (kwt. 555).Yakki raawwatame sadarkaa 6 yoo ta’u gulantaa 23 haa jennu.
- Sababootni adabbii cimsan kan ragaan mirkanaa’anii dhiyaatan: Gantumaan, Hammeenya addaa fi garaa-jabeenya , Meeshaa waraanaa fayyadamuun yoo ta’e,
- Sababootni armaan olitti ibsaman sadi yoo ta’anillee sababootni adabbii cimsuuf gargaaran lama (Gantumaa fi hammeenya addaa ykn garaa-jabeenyaa kan jedhu tumaa tokko 84(1a) jala waan jiraniifi)
- Kanaafuu abbaan seeraa adabbicha gulantaa lamaan ol guddisa. Gulantaa 23 kan ture gulantaa 25 ta’a jechuudha.
- Manni Murtii Sababoota kana irraa deebi’ee adabbii cimsuudhaaf itti fayyadamuu hin danda’u(S/y-84-2). Fkn 604 & 605, 515(2-A)
- Kana malees sababoota seerichaa jalatti hin tumamne adabbii cimsuu danda’an kan biroo yoo jiraatan (S/Y kew-86).

- Manni murtii adabbii kennuu baaxii adabbii seerichaatiin ka’amee darbu hin qabu, kana malees sababichii kwt-84 jalatti kan caqafamee yoo ta’elee adabbii cimsuu barbaachiisa ta’u isaa irratti hundaa’un ta’u qaba (S/Y kew-183).
- Dhimma kana ilaachiise MMWDIF lakk-galmee 47831 (v-12) ta’e irratti yaada isa yommuu ka’u “... ስለሆነም የህጉ ወንቀጽ 84 ደግሞ የቅጣት ማክበጃ ምክንያቶችን የዘረዘረ ሲሆን ዳኞች የህጉን ወንቀጽ 183 ባገናዘበ መልኩ ቅጣት የሚከብዱባቸዉን ሁኔታዎች ያሳያል። ዳኞች ቅጣት የሚያከብዱትም ሆነ የሚያቀሉት ተገቢ ሆኖ ሲገኝ ስለመሆኑ የ ወንቀጽ 179 ዕና 183 ድንጋጌዎች ያስረዳሉ። jechudhaan ka’eera.
- Qajeel-adabbii kana keessattis sadarkaan yakkoota yeroo qophaa’u bifa sababoota waliigalaa adabbii cimsan kana yaada keessa galchuu dandaa’uni.
- Sadarkaan yakkaa ol’aanaan adabbii baaxii tumaa seerichaa keessatti seerichaaf taa’e hin gahu.

Fkn-1ffaa

Yakka Aangootti SA Fayyadamuu (407(1))(w-1 hanga w-7)

- S/y kwt. 407(1) keessatti gochoota yakkaa kufaniif sadarkaalee yakkaa 6tu jira.
- Sadarkaa inni xiqqaan ykn sadarkaan 1 ka'umsi adabbii isaa gulantaa 7 yoo ta'u, kunis seera yakkichaa irratti adabbii ka'umsaa waggaa 1 tumame irraa kan ka'u dha.
- Sadarkaa ol'aanaa kan jedhamu immoo adabbiin ka'umsaa isaa gulantaa 23 irra kan taa'e yoo ta'u, kunis waggaa 6 hanga waggaa 7 fi baatii 2 ti.
- Osoo sababoota yakkicha cimsan shan qabaatee yakkichi gulantaa shaniitiin cimee gulantaa 28 irra gaha.

Fkn-2ffaa kwt407 (2)(wa-7 hanga w-15)

- S/y kwt. 407(2) keessa gochootni yakkaa kufan sadarkaa 4 qabu.
- Sadarkaa inni xiqqaan ykn sadarkaan 1 adabbiin ka’umsaa gulantaa 25 yoo ta’u, kunis seera yakkaa irratti adabbii ka’umsaa waggaa 7 tumame dha.
- Sadarkaa ol’aanaa kan jedhame sadarkaan 4 adabbiin ka’umsaa isaa gulantaa 28 yoo ta’u adabbiin ka’umsaa isaas waggaa 9 hanga waggaa 10 fi baatii 10ti.

  Gulantaa 28+5= 33 ta’a

Fkn- 3ffaa kwt-407(3)

Fkn-4ffaa kwt-669 fudhane ilaalu ni danda’ama.

Dhimma qabatama

MMWDIF, lakk-galmee 57446, gaafa 19/09/2003 murtaa'e

Ol'iy-G/Igziyaaber Haayiluu vs. A/A Naannoo tigraay

Ol'iyyataan jalqabaa sy kwt-540 jalatti himatamee manni murtii ol'aanaa kwt- kana jalatti balleessa qaba jadhe adabbii hidhaa waggaa 20 akka adabamu murtesseera. Sababbotni adabbii cimsan gama A/Atiin dhiyaatan hin jiru. Manni murtii WDIF kwt-murtii balleessumaa gara 541(a) jijjiruun adabbii hidhaa salphaa waggaa shaniin akka adabamu murtesseera.

Sababoota Waliigalaa Adabbii Salphisan kwt-16

- Bu’uura s/y kwt. 82(1) tiin sababootni keewwattoota xiqqaa shanan jiran keessatti kaa’aman tokkoon tokkoon isaanii akka sababii adabbii salphiisu tokkooti fudhatamu.
- Sababootni tarraa’an keessa inni tokko ykn hundi guutamanis, gartokkeen guutamanis tokkoon isa akka sababa adabbii salphiisu tokkootti fudhatama. Kanaafuu kew. 82 jalatti sababootni adabbii salphiisan 5 tu jira.
- Yakkootni adabbii hidhaa salphaatiin adabsiisan sababa salphiisu tokkoon gulantaa tokko hir’isu (qaje. adabbii kew-16(4).
- Ka’umsi adabbiisaanii hidhaa cimaa waggaa 1 warri ta’e sababa salphisu tokkoon gulantaa lama hir’isa (qaje. Adabbii 16(5). Haata’uutii hidhaa salphaa baatii jahaa gadi hin bu’u (179(d))

- Ka’umsi adabbii isaanii hidhaa cimaa waggaa 1 oli hanga hidhaa cimaa waggaa 7 warra ta’eef sababa salphisu tokkoof gulantaa 2 hir’isa. Haata’uutii hidhaa cimaa waggaa 1 gadi hin bu’u 179(c)
- Ka’umsa adabbii waggaa 7 fi waggaa 7 oli yakkoota ta’aniif sababii salphisu tokkoof gulantaa sadii hir’isa. Ta’us hidhaa cimaa waggaa 1 gadi hin ta’u (qaj. Adabbii kew-16(6).
- Ka’umsi adabbii isaanii yakkoota hidhaa cimaa umurii guutuu ta’aniif sababii salphisu tokkoof gulantaa 3 hir’isa (qaje. Adabbii kew-16(8). Ta’us adabbichi yoo salphatu hidhaa cimaa waggaa 10 gadi hin ta’u.
- Yakkoota ka’umsa adabbii du’aa qabaniif sababii salphisuu tokkoof gulantaa afur (4) hir’isa (qaje. Adabbii 16(9). Ta’us adabbichi yoo hir’atu waggaa 20 gadi hin ta’u. vs. kew-23 fuula-116
- Yakkoota adabbii salphaa fi cimaan adabsiisan daddabalaman raawwatamani yoo argaman adabbii haala kamiin salphiisu dandenyaa isa jedhu ilaalchiise qajeelfamiichi deebii hin qabu.

Fkn :Yakkamaan dagannoon lubbuu namaa s/y kwt 543(1) jalatti balleessaa jedhamee murtaa'eera. Abbaan seerichaa sadrkaan yakkichaa 'gadi aanaa' jedhee kan murteessee yoo ta'u, yakka gadi aanaa ta'eef adabbiisaa gulantaa 1ffaa keessatti baatii jahaa (6) hanga waggaa 1 fi baatii tokko (1) keessatti waggaa 1 murteesseera.

- ✓ Qajeelfamarraa waggaan 1 gulantaa 6 fi 7 keessatti kufa Gulantaa xiqqaan 6 (baatii 8-waggaa 1) akka ta'u beekameera (qaje. Adabbii Kew-13(9).
- ✓ Sababootni adabbii hir'isuuf dhiyaatan kan armaan gadiiti.
  - Amalli isaa kanaan duraa gaarii ture.
  - Yakkicha kan raawwate wal dhabbii akka tasa uumameen waan ta'eef.
  - Yakkicha kan raawwatee dhugumaan gaabbee nama yakki irratti raawwateef gargaarsa godheera

- Sababootni sadi ibsamanillee, isaan keessaa lameen kwt. **82(1)(a)** jalatti kan hammataman waan ta’eef akka sababa salphisu tokkootti fudhatama. Kanaafuu, sababoota adabbii salphisan lama (2) qaba jechu dha.
- Yakkichi adabbii salphaan kan adabsiisu waan ta’eef sababa hir’isuu tokkoon gulantaa tokko hir’isa. Kanaafuu sababa hir’isuu lamaaf gulantaa lamaan hir’isee gulantaa 4 (baatii 4 -baatii 7) kan jedhu keessatti kufa.
- Abbaan seeraa kana keessatti hidhaa salphaa baatii 4 jedhee murteessuu ni danda’a.
- Kanuma gara hojii dirqamaatti ykn adabbii maallaqaatti jijjiiruu ni danda’a jechuu dha ?
- Isiin dhimma kana irratti maal jeetu ? Kwt-19(1H) vs.179(1f).

Tumaalee Garaagaraa (kew-20,21)

1. Yakka sadarkaa yaaliitti hafe(27); kakaasuu(36) fi gargaaruu (37) ilaalchisee gulantaa 2 gadi bu'ee adabbiin ka'umsaa taa'aafi.
2. A/Seeraa sababoota adabbii cimsan ykn salphisan kan tumaa seeraan alaa (kwt-86) yoo kaa'u haala sababoota adabbii waliigalaatiin shallaguu qaba.
3. Abbaan seerichaa haalli yakkichi itti raawwate ykn amallisaa qajeelfama kanaan sadarkaa bayeen hojjetamuu hin danda'u ykn bu'uura qajeelfamichaan yoo murtaa'e haqni ni jallata jedhee kan amanu yoo ta'e, sababa isaa kaa'uun adabbii biraa murteessuu ni danda'a (qaj kew.21vs. 28)

- A/seerichaa bu’uura qabxii 3ffaatiin gulantaa qajeelfamichi kaa’uun alatti yeroo murteessu hundattuu, kanuma qaama dhimmi ilaalutti beeksisuu ykn odeeffannoo kennuu qaba. Manneen murtiis odeeffannoowwan haala kanaatiin sassaban MMW Federaalaaf akka erguu qaban qajeelfamichi ni kaa’a.

Shallaggii Qabeenyaa Ilaalchisee

- Yakkichi kan raawwate sharafa biyya ambaarratti yoo ta’e hangi sharafaa guyyaa adabbiichaa kennametti hanga sharafa jiru irraa shallagama.
- Sadarkaa addaan baasuudhaaf tilmaamni qabeenya kan ka’amee reenjiidhaan waan ta’eef timaama sirrii (accurate) ta’e ka’uudhaaf cinqamuu hin barbaachiisu.

Fkn-hanna ykn amantaa hirdhiisu ilaalchiise, qarshii 100-1000, 1000-2000 fi…. Ka’ameera. Kanaafuu tilmaamni dhiyaate 200 ta’e, falmiin 300,500, 700 jedhu yoo dhiyaate sadarkaa irratti garaagarumaan inni fidu hin jiru.

- Timaama qabeenyaarratti falmii yoo kaa’e, fi falmiin himatamaa fudhatama yoo argate gulantaa adabbii kan jijjiiru yoo ta’e akkasumas manni murtii yaada isaatti tilmaamni abbaan alangaa dhiyeesse sababa qabeessa kan hin taanee fi haqa jallisa jedhee yoo amane tilmaama mataa ofii kaa’uu sadarkaa fi gulantaa yakkichaa murteessa.
- Amalaa adda qabeenychaa qabu irraa kan ka’e tilmaama gatii isaa ka’uu kan hin danda’amne yoo ta’e, manni murtii offisaatiin haala sirrii dha jedhe itti amanuun adabbiicha murtessuu ni danda’a.

Adabbii Maallaqaa Ilaalchisee Haala Baaxiin Adabbii Itti Taa’e

- Adabbiin maallaqaa yakkichaaf baaxii taa’e osoo hin darbiin yakkamaan hanga baaxii adabbii tumaa sadarkaa ol’aanaa seericharra jiru akka kaffalu haala gochuu danda’uun, sadarkaan yakkichaa gadi siqaa akkuma deemeenis baaxiin adabbii maallaqichaas haaluma sanaan gulantaa tokkoon gadi hir’isaa haala deemuun qophaa’eera.

Fkn.1ffaa

kwt. 407(1) jalatti adabbiin maallaqaa guddaan qar. 10,000

- Kanaafuu, o’laanaan isaa sadarkaa 6 yoo ta’u kanaaf adabbiin maallaqaa isaa gulantaa 6 dha. (10,000)
- Sadarkaan yakkichaa 5 yoo ta’e gulantaan maallaqaa isaas 5 dha. (7000)
- Haaluma kanaanis gocha yakkaa maallaqaan adabsiisuuf gulantaan irratti kufu adda baheera.

Tumaa seerichaa keessatti sadarkaa yakkaa Gadi aanaa fi ol’aanaa gidduutti sadarkaalee yakkaa jiraniif adabbii ka’umsaa Murteessuu.

- Tumaa seeraa keessatti sadarkaa yakkaa gadi aanaa fi ol’aanaan gulantaan irra oolan yoo beekame; addummaa isaan gidduu garaagarummaa baay’ina sadarkaalee yakkaa jiraniif hiruutiin ka’umsi adabbii isaanii murtaa’eera.

Fkn.1ffaa

Kwt 407(1) sadarkaa yakkaa 6 qaba.

- Sadarkaa xiqqaan ka’umsi isaa waggaa 1 waan ta’eef gulantaa 7 irra dha.
- Sadarkaa ol’aanaan immoo 6 yoo ta’u gulantaa 23 dha.
- Gidduu isaanii garaagarummaa gulantaa 16 ti jira.
- Waan ta’eefis gulantaa 16 yoo shaniif hiramu (kan ka’umsaa kan beekame waan ta’eef tokko irraa hir’ifama) firiin argamu gara 3 ni ta’a.
- Kanaafuu, isa xiqqaa irraa jalqabee tokkoon tokkoo isaaf gulantaa (sadi sadi) 3 darbee ka’umsi adabbiisaa taa’eera. Walitti siqsuutiinis tokko addummaa gulantaa afurii akka qabaatu ta’eera.

Fkn.2ffaa

- Kwt. 665 sadarkaalee yakkaa 7 qaba.
- Sadarkaan gadi aanaan ka’umsi isaa guyyaa 10 waan ta’eef gulantaa 2 dha.
- Sadarkaa ol’aanaan immoo gulantaa 14 dha.
- Gidduusaanii adda addummaa gulantaa 12 ti jira.
- Waan ta’eefis gulantaan 12 yoo 6 tiif hirame firiin argamu 2.
- ✓ Kanaafuu, isa xiqqaa irraa jalqabee tokkoon tokkoo sadarkaaf gulantaa 2 darbee ka’umsi adabbii taa’eera.
- ✓ 407(2),(3) ??

Sababoota addaa adabbii cimsan

- Sababooni kun S/Y kew- 85(184-188), fi 92 jalatti tumamani kan argamani dha. Isaanis- Yakkoota Daddabalamani(Dacha kwt-60 ff) fi yakkoota Irra Deddeebii (kwt-67) yoo rawwatamani argaman dha.
- Keewwattoota 184-187tti (osoo irra deddeebii hin dabalatiin)

Yakkoota Daddabalaman

Yakkoota daddabalaman ilaalchiise akkataa adabbiin itti shallagamu

Assimilation ykn Hamatamu

- Sababa isa tokkootiin du’a yookiin hidhaa umurii guutuu yookiin yakkoonni kun adabbii hidhaa akaakuu wal fakkaataa kan adabsiisan ta’ee, sababa isa tokkoon adabbii olaanaan kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame /Keewwata 106 fi 108/ yoo murtaa’u, murtiin kun adabbii yakkoota dachaa biroo ilaalchisee murtaa’u hunda walitti hammatee ni qabata kwt-184(1a).
- Haa ta’u malee adabbii gosa biroo kan akka adabbii maallaqaa dabalataan raawwachuu kan dhorku mitti.

- Haa ta’u malee adabbii gosa biroo kan akka adabbii maallaqaa dabalataan raawwachuu kan dhorku mitti.

Dhimma qabatama

MMWDIF, lakk-galmee 47831, gaafa 03/10/2003 murtaa’e

Ol’iy-Mastaawat Fisaha n-4 vs. A/A Federaalaa

Ol’iyyatootni SY kwt-32(1a) fi 539(1a), 669(3b) bira darbuun himatamani, MM himatamtoota kwt-lachu jalatti balleessa qabu jadhe, kwt-539(1a) jalatti tokkon tokkon isaani adabbii du’aatiin akka adabaman murtessee kwt-669(3b) jalatti adabbii osoo hin murtesiin bira darberra.

- Manni murtii yakkoota daddabalamaa argaman keessa tokkon qabeenyi yakkamaa akka dhaalamu kan murteeffatee yoo ta’ee yakkoota haafaniif adabbii maalaqaa murtessuu hin danda’u (S/y kew-184(1E).

Ida’uun (Cumulating)

- Yakkoonni daddabalaman lama yookiin isaa ol ta’aniifi adabbiilee bilisummaa dhabsiisan hordofsiisan yoo mudatan, tokkoon tokkoon yakkoota dachaan raawwatamaniif adabbiin barbaachisaa ta’e murtaa’ee hundumtuu ni ida’ama (kwt-184(1b).
- Kuni yoo ta’u ida’amni argame baaxii gosa adabbichaaf kutaa waliigalaa keessatti taa’e (jechuun kan hidhaa cimaa waggaa 25, kan hidhaa salphaa waggaa 5) caaluu hin qabu.
- Yakkoonni hidhaa cimaafi hidhaa salphaatiin adabsiisan daddabalamani yoo argaman raawwii keewwata kanaatiif adabbiin hidhaa salphaa waggaa lamaa akka hidhaa cimaa waggaa tokkootti ni lakkaawama.
- Fkn 540 jalatti adabbii hidhaa cimaa waggaa 12 fi

- Yakkoonni daddabalaman lama yookiin isaa ol ta’an adabbii maallaqaa hordofsiisan yommuu mudatan, tokkoon tokkoon yakka raawwatameef adabbiin barbaachisaa ta’e murtaa’ee hundumtuu ni ida’ama (kwt-184(1d).
- Yakkamtichi miira jaalala maallaqaatiin kaka’ee kan raawwate yoo ta’e malee /Keewwata 92/, adabbii maallaqichaa daangaa adabbii maallaqaa olaanaa kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame dabarsuun hin danda’amu.
- Bu’uura seera kana keewwata 60(c) jalatti tumameen yakkoonni dachaa yoo mudatan, haala birootiin kan tumame yoo ta’e malee, adabbichi bu’uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin ni murtaa’a(kwt-184(2).

- Balleessichi yakkaan itti murtaa’ee adabbicha raawwachaa osoo jiruu yookiin erga xumuree booda, murtiin kennamuun dura yakka daddabalaman biroo raawwate jiraachuun isaa yoo beekame, manni murtichaa yakkoota dachaa balleessichi raawwateen yeroo tokkotti osoo itti murtaa’ee jiraatee adabbii olaanaa silaa itti murtaa’uu danda’u osoo hin darbiin ni murteessa (kwt-186).
- Himannaawwan yakkaa walitti dabalamanii ilaalamuun isaan irraa ture, manneen murtii yookiin dhaddachoota addaddaatti kophaa kophaatti ilaalamanii adabbiileen addaddaa yoo murtaa’an, akkaataan murtii adabbii waliigalaa bu’uura tumaalee armaan olitti ibsamaniin ta’a (s/y kwt-186 vs. sdfy kwt-116(1).

Fkn-Himatamaan yakka reebichaa (kwt-556(2c) daddabalama qabatamaan raawwatame lama keessaa kan duraa mana murtii “A” jedhamuutiin hidhaa salphaa waggaa 3tiin erga adabamee booda yakka lammaffaa raawwachuun isaas beekamee yoo irratti murtaa’e manni murtii adabbii yakka isa lammaffaa murteessuu adabbii kan duraan kenname yaada keessa galchuu qaba. Yakki inni lammaffaan fakkeenyaaf kan hidhaa salphaa waggaa sadiin adabsiisuu qabu yoo ta’e yakkamaan adabbii hidhaa salphaa waggaa jaha (6) tiin adabamuu hin qabu. Adabbiin yakka kana lamaanii osoo akka yeroo tokko murtaa’etti shallagamee bu’uura keewwata 184 tiin hidhaa salphaa waggaa shanii caaluu hin danda’u.Kanaafuu, manni murtii adabbii yakka lammaffaa yoo murteessuu yakka duraa waliin bifa daddabalamaan kan raawwatame ta’uu yaada keessaa waan galchuuf hidhaa salphaa waggaa lamaa (2) caalu murteessuu hin qabu.

- Daddabalamni gocha-tokkee seera adda addaa darbuun uumamu sirna adabbii mataa isaa danda’e qaba (kwt-187 vs.60(B)Adabbiin yakkoota daddabalamanii akka daddabalama qabatamaatti kan ida’amu miti. Yakkichi seera adda addaa haa cabsu illee malee gocha tokkoon kan raawwatame waan ta’eef hammeenyummaan isaa daddabalama qabatamaatii gadi.
- Adabbiin yakka haala kanaan daddabalamees kan ida’amu yoo ta’e akka malee ol ka’uu danda’a.
- Akka tumaa keewwata kanaatti daddabalama goch-tokkee seera adda addaa darbuu bifa lamaan shallagama. Yakkamaan yakka dalaguuf kaayyeeffate fi yaada seera cabsuu qabu ifaan

- Fkn nama firaa isaa dhiyoo dirqsiise gudeeduu tokko gocha tokkon (kwt-620, 654) jalatti gaafatamee bu’uura sy kwt-184tiin adabbiin irratti murtaa’u qaba.
- Haala birootiin garuu, tumaa seeraa rogummaa qabuun daangaa adabbii olaanaa yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin manni murtichaa adabbicha ni murteessa.
- Yakkoonni dachaa bu’aa qabatamaa addaddaa hordofsiisan yommuu raawwataman manni murtichaa adabbicha akka armaan gadiitti ni cimsa:

✓ Balleessichi yakkoota daddabalaman keessaa itti yaadee yoo xiqqaate tokko kan raawwate yoo ta’e /Keewwata 66 (1) (a) fi (b)/, bu’uura keewwata 184 tiin adabbii itti ni murteessa.

✓ Yakkoonni daddabalaman kan raawwataman dagannoon yoo ta’e /Keewwata 66 (1) (c)/, adabbii olaanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin adabbii itti ni murteessa.

Yakkoota Daddabalaman(qaj- kew-15(1A) (1B),

- Yakkootni dadabalaman bu’uura 184 tiin kan ida’amu yommuu ta’utti abbaan seeraa tokkoon tokkoo yakkootaaf adabbii ka’umsaa erga kaa’een booda walitti ida’ee, ida’amni kun gulantaa inni irra bu’u gabatee tokkoffaa jala ilaala.
- Kana booda sababootni waliigalaa adabbii cimsan yoo jiraatan ida’amni argame baaxii gosa adabbichaaf kutaa waliigalaa keessatti taa’e osoo hin darbiin adabbiicha ni cimsa.

Fkn.

- Yakkamaan yakka isa tokkoof adabbii ka’umsaa waggaa 2, isa biroof immoo waggaa 3 raawwateera.
- Isaan kun yoo walitti ida’aman waggaa 5 ta’u. Waggaan 5 gulantaa 20 fi 21 keessatti kufa. Gulantaan xiqqaa 20 ka’umsi adabbii kan keessatti kufu ta’a (kwt-13(9).
- Kanatti aansuutiin bu’uura sababoota adabbii cimsan ykn salphisan waliigalaa ragaan mirkanaa’anii dhiyaataniin adabbiin shallagama.

- Kanatti aansuutiin bu’uura sababoota adabbii cimsan ykn salphisan waliigalaa ***ragaan mirkanaa’anii*** dhiyaataniin adabbiin shallagama (qaj. **Kew-19.D**)
- Yakkootni daddabalamaa bu’uura kwt. 187 kwt. Xiqqaa 1 buufata 2ffaa (haala birootiin) ykn 1(b) (Yakkoonni daddabalaman kan raawwataman dagannoon yoo ta’e) tiin yoo ta’e,
- Abbaan seerichaa yakka isa cimaaf adabbii ka’umsaa erga kaa’e booda baaxii kan yakka isa cimaa osoo hin darbin baay’ina irratti hundaa’ee tokko tokkoo isaaf gulantaa 2 (lamaan) cimsa.
- Itti aansuun sababoota waliigalaa adabbii cimsanitti fayyadamee sababa tokkoof gulantaa tokkoon guddisa.
- Adabbiin murtaa’u adabbii ol’aanaa yakka isa cimaaf kutaa adda seerichaa keessati ka’amee irraa caaluu hin qabu.

FKN

- Yakkoota sadarkaan hin baaneefi adabbiin yakka isa cimaaf murtaa'e waggaa lama haa jennu.
- Hidhaan waggaa 2 gulantaa 11 fi 12 keessatti kan kufu yoo ta'u, gulantaa xiqqaa 11 tu filatama.
- Itti aansuun yakka isa 2ffaa,3ffaa gulantaan 2, 2 yoo dabalame gulantaa 15 ta'a.
- Kanatti aansee sababootni adabbii cimsan ykn salphisan waliigalaa yoo jiraatan akka armaan olitti ilaalletti ittin shallagama.
- Adabbiin murtaa'u garuu adabbii ol'aanaa yakka isa cimaaf kutaa adda seerichaa keessati ka'ameef irraa caaluu hin qabu.

Yakkamaan yakka irraa deddeebi’e raawwate yoo argame(Recidvist) qaje adabbii 15(2)

- Raawwatichi yakkaa irra deddeebi’uun yakka raawwateera jechuun manni murtii adabbii kan cimsu /keewwata 188/
- ✓ adabbii hidhaa itti murtaa’e guutummaan yookiin gartokkeen guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee,
- ✓ Yeroo waggaa shanii keessatti
- ✓ Yakka haaraa ka’umsi adabbii isaa hidhaa salphaa ji’a jaha ta’een adabsiisuu danda’u,
- ✓ Itti yaadee kan raawwate yoo ta’e dha (kwt-67).
- Yakkicha haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame darbuun murteessuu ni danda’a. Manni murtichaa yakkicha haaraaf yookiin yakkoota daddabalaman haaraa keessaa yakka cimaa ta’eef kutaa adda seerichaa keessatti adabbii fiixee tumamee hamma dachaa ta’utti adabbicha cimsuu ni danda’a (kwt-188).

- Akaakuufi baay’ina yakkoota irra deddeebi’amaniin akkasumas, balleessummaa yakkamtichaafi hanga balaafamummaa gochichaatiin, manni murtichaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti adabbii olaanaa ibsame osoo hin hordofiin, akaakuu adabbichaatiif kutaa waliigalaa seerichaatiin hanga adabbii olaanaa tumameetti olkaasuu ni danda’a.
- Yakkamtichi irra deddeebi’aa amaleeffataa yoo ta’e, yakkicha haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame dachaa darbuun manni murtichaa adabbicha olkaasuu qaba.
- **I**rra deddeebi’uun qajeelfamicharratti akkuma ibsame gulantaa 1 irraa jalqabee baay’inaa fi cimina yakkoota irra deddeebi’amaniirratti hundaa’uun hanga dachaa baaxii yakka boodarra raawwatamee ykn raawwataman keessaa isa cimaa(ykn daangaa kwt.188 kaa’u) ta’utti adabbii ni guddisa.

Sababoota Addaa Adabbii Salphiisan

- Yakkamaan yakkoota muraasa irratti mataa offi isaa, fira dhiyoo dhigaa ykn gaa'ila isaa, nama walitti dhufeenya addatti cimaa ta'e irraa qabu adabbii jalaa miliqsuuf jedhe kan raawwate yoo ta'ee (S/Y-83) fkn 443, 806,446(b),453,561 fi k.k.f garuu kew-254(4),335(3) fi 682(4) irratti hin hojjattu. Qaje.adabbii kew-17
- Dhiisuu fi Gaabuu (kew-28-2), yakka raawwtamu hin danda'amne yaaluu (kew-29); S/y kew-49;72;74(2);75;76;77;79;81.
- Kutaa Seerichaa addaa keessatti kew- 371 fi 372;550;454;544;652(2) akka fkn ilaaluun ni danda'ama.
- Manni Murtii sababoota addaatiin yeroo adabbii salphiisu daanga adabbii kutaa addaa seerchaatiin ka'ame osoo hin daangeefamiin gadii bu'ee murtessuu ni danda'a (S/Y 90 , 106 & 108 must be respected)

Sirna yakkoota sadarkaan Bahee fi Itti Adabbiin Murteeffamu

Duraa duuba adabbiin itti murtaa'u.

- Balleessaa qaba jedhamee yoo murtaa'u tumaan seeraa jalatti balleessaa jedhamu waan beekamuuf yakkichaaf bu'uura sadarkaan baafameeniin sadarkaa isaa adda baafanna.
- Gulantaa sadarkaa yakkichaaf ta'e adda baafna.
- Gulanticha keessatti abbaan seeraa adabbii murteessa.

Malaammaltummaa Aangootti Akka Malee Fayyadamuu (Q. kwt 8)

- Akka qajeelfamichaatti sadarkaa kwt. 407 baasuuf wantootni sadi yaada keessa galu.
  - ✓ Sadarkaa aangoo yakkamaa
  - ✓ Sababa yakkichaatti faayidaa argame /miidhaa gahe

- Qabxiileen kun tumaa seerichaa kwt. Xiqqaa 2 jalatti adabbii cimsuuf kan taa'an waan ta'eef sadarkaa baasuuf akka safartuutti fudhatamaniiru.

Fkn

- ✓ Kwt. 407(1) jalatti namni balleessaa qaba jedhame sadarkaan aangoosaa dursaa qajeelchaa yoo ta'u sababa yakkichaatiin faayidaa inni argate 30,000 dha.
- Dursa sadarkaan yakkichaa akka armaan gadiitti adda baha.
- ✓ Aangoon isaa:- A/aangoo giddu galeessa
- ✓ Faayidaan argame 30,000 giddugaleessa (faayidaan argame osoo maallaqaan hin shallagamu ta'ee faayidaa xiqqaa jedhama ture).
- ✓ Kaayyoo itti raawwatame? Yakkicha kan raawwate rakkinaan ykn dhiibbaa jala ta'ee yoo ta'e gadi aanaa keessa kan galu ta'ee kanaan alatti kaayyoo cimaa keessatti kufa.

- Dhimma kanarratti yakkichi rakkinaan ykn dhiibbaa jala taa’amee kan raawwatame ta’uu ragaan ibsu hin jiru. Kanaafuu kaayyoon itti raawwatame kaayyoo cimaa dha kwt8(5).
- Kanarraa ka’uun aangoo giddugaleessa /faayidaa ykn miidhaa giddugaleessa/kaayyoo cimaa.
- ✓Sadarkaan yakkichaa maxxantuu 3ffaa irraa yoo ilaallu sadarkaa yakkaa 6ffaa keessatti kufa.

Adabbii ka’umsaa Murteessuu

- Adabbii Hidhaa Murteessuu
- ✓Adabbii yakka sadarkaa 6ffaa ilaalchisee gulantaa adabbii 23 irratti kufa. Kanaafuu gulantaansaa adda baheera.
- ✓Reenjiin adabbii gulantaa 23ffaa waggaa 6 hanga waggaa 7 fi ji’a lamaati.

- Haaluma kanaan fakkeenyaaf waggaa 6 jedhee murteessuu ni danda’a kwt-2(4).

Adabbii Maallaqaa ilaalchisee

- ✓ Kwt 407(1) sadarkaa yakkaa 6 gulantaan adabbii maallaqaa isaa gabatee 3ffaa irraa 6.
- ✓ Adabbiin maallaqaa gulantaa 6 hanga qarshii 10,000 ta’a.
- ❑ Abbaan seeraa baaxii kana osoo hin darbiin murteessa fakkeenyaaf qarshii 8,000 jedhee murteessuu danda’a.

Fkn.

- ✓ Namichi abbaa balleessaa jedhame aangoon isaa sadarkaa ministeeraati (aangoo ol’aanaa)
- ✓ Sababa yakkichaatiin faayidaan hin malleefi argate 30,000 dha. (faayidaa giddugaleessa)
- ❖ Yakkicha kan raawwate rakkinaani (rakkina), safartuuwwan armaan olii guutamanii kan argaman maxxantuu 3ffaa kwt. 407(2) sadarkaa yakkaa 9 irratti. Gulantaan adabbii hidhaa 27 yoo ta’u kan adabbii maallaqaa gulantaa 9 dha.

Yakkichi kan raawwate qarshii jaalachuun yoo ta’e hoo?

- Rakkinaaf kan jedhu jijjiiramee kaayyoo cimaa ta’a. Kanaafuu: Aangoo olaanaa /faayidaa giddugaleessa /kaayyoo cimaa/ safartuuwwan kun guutamanii kan argaman maxxantuu 3ffaa kwt 407(2) sadarkaa yakkaa 10 irratti ta’a.
- Gulantaan adabbii hidhaa isaa 28 yoo ta’u gulantaan adabbii maallaqaa immoo gulantaa 10 ta’a.
- Yakkaa malaammaltummaa raawwatameen faayidaan argamee ykn miidhaan dhaqabe tilmaamu kan hin danda’amne yoo ta’e, faayidaan argamee ykn miidhaan gahe

Kaayyoon cimaa ol yommuu ta’utti Adabbiin akkamitti murtaa’a?

- Cimaa jedhamee qajeelfamichaan kan ta’e ol ta’uu isaa abbaan seeraa kan amanu yoo ta’e;
- fkn. Yakkichi kan raawwatame icitii biyyaa biyya biraaf dabarsuuf jedhameeti yoo ta’e, akka kwt. 407 tti kaayyoon itti raawwatame adabbicha kan cimsu ta’uu waan kaa’eef kwt. 407(1) keessatti kan kufuu turekwt 407(2) jalatti kufa. Kan 407(2) jalatti kufuu ture immoo sababootni adabbii cimsan tokkoo oli walitti daddabalamanii waan jiraniif kwt. 407(3) keessatti kufu jechuu dha.

- ✓ Kanaafuu,sadarkaan yakkichaa akka armaan gadiitti sirraa’a.
- Sadarkaa 1 fi 2 irraa kan jiran gara sad. 7ffaa
- Sadarkaa 3 fi 4 irraa kan jiran gara sad. 8ffaa
- Sadarkaa 5 fi 6 irraa kan jiran gara sad. 9ffaa
- Sadarkaa 7 fi 8 irraa kan jiran gara sad. 11ffaa
- Sadarkaa 9 fi 10 irraa kan jiran gara sad.12ffaa ni ta’a

- Sadarkaa aangoo gadi aanaa / faayidaan argame gad aanaa /kaayyoon itti raawwatame kaayyoo cimaa kan jedhamee ol yoo ta’e sadarkaa yakkaa 7 ta’a.
- Sadarkaan aangoo giddugaleessa /faayidaan qarshii argame giddugaleessa /kaayyoon itti raawwate kaayyoo cimaa kan jedhamuu ol yoo ta’e sadarkaa yakkaa 8 ta’a.
- Sadarkaa aangoo giddugaleessa/faayidaan argame giddugaleessa yoo ta’e kaayyoon itti raawwatame cimaa kan jedhamee ol yoo ta’e sadarkaa yakkaa 9 ta’a.
- Kwt 407(2) sadarkaa 1 fi 2 keessatti kan kufu kaayyoorratti hundaa’ee sababa adabbii cimsu biraa waan dabalateef sadarkaa 11 keessatti kufa.
- Kwt. 407(2) sadarkaa 3 fi 4 keessatti kan kufu immoo sababa kaayyoo yakkichaatiin sababni adabbii

Adabbii yakka Hannaa Murteessuu

- Yakka hannaa ilaalchisee kwt. 665 fi 669 bu'uureffachuun safartuuwwan garaagaraa adabbicha murteessuuf oolaniiru.
- Bu'uura 665 tiin Adabbii Murteessuu(Q.kwt.10)
- ✓ Bu'uura 665 tiin namni balleessaa jedhame, sadarkaa yakkichaa murteessuuf qaphxiin xiyyeeffannoo:
- faayidaa yakka hannaatiin argame dha.

Hangi faayidaa argamee hanga qarshii 100tti yoo ta'e dambii darbuutiin waan ilaalamuuf sadarkaa keessa hin galfamne??? 852, qaje. Fuula 83

Fkn

- Tilmaamni qabeenya gocha yakkaan argamee 500 dha.

1. Qarshiin 500,1000 gadi waan ta'eef sadarkaa 1 ta'a.

2. kwt. 665tiif sadarkaan 1 gulantaa 2 ta’a. Adabbiin gulantaan 2 guyyaa 10-baatii 3 ta’a. Reenjii kana keessatti a/seeraa adabbii murteessa.

3.Hangi qarshiisaa qarshii 1000 oli hanga qarshii 2000 yoo ta’e sadarkaan yakka isaa 2 gulantaan isaa 4 ta’a.

4.Adabbiin gulantaa 4 ka’umsi isaa baatii 4-7 ta’a.

- Haa ta’u malee hanga qarshii yakkichaan argameetti dabalee fakkeenyaaf:

- ✓ Bultoon miidhamaa ykn hojiin dhaabbata isaa balaarra kan bu’e yoo ta’e gulantaa qajeelfamichaan taa’erraa gulantaa lamaan (2) dabala.
- ✓ Sadarkaan yakkaa isaa 1 isa ta’eef gulantaan isaa 2 ta’uunsaa hafee gulantaa 4 ta’a.

- Sadarkaan yakkaa isaa 2 kan ta’eef gulantaan isaa 4 ta’uun hafee 6 ta’a jechuudha.
- Qabeenyi hatame kan dhoowu ykn kan boba’u yoo ta’e haaluma wal-fakkaatuun gulantaa 2 (Lamaan) guddata

  Haaluma kanaan:
- Sadarkaan yakkaa isaa 1 kan ta’e gulantaan isaa 2 ta’uun hafee 4 ta’a. K.k.f.
- Akka qajeelfama kanaatti sababootni adabbii cimsu jedhaman kun guutamuun kan waliin argaman yommuu ta’utti gulantaan argamsiisan ni ida’ama jechuudha.

  Fkn
- Yakkichi hojii namicha hatamee ykn dhaabbata isaa balaarra kan buuse yoo ta’e (dabaltii gulantaa 2) fi qabeenyi hatame kan dhoohu ykn boba’u yoo ta’e (dabaltii gulantaa 2) ida’amaan gulantaa 4 dabala jechuu dha.
- Waan kana ta’eefis sadarkaa 1 kan ta’eef gulantaa 6 ta’a.
- Sadarkaa 2 tiif gulantaa 8 ta’a.

Sakkalaa

- Obbo caalaan bombii tilmaamni isaa qarshii kuma afur baasu waajjira poolisii aanaa magaalaa adaamaa irraa yommuu haatu haarkaaf haarkaati qabame gocha kana raawwachu isaa itti mirkanaa'e balleessaa jedhame.
- ✓ Sadarkaa fi gulantaa isaa addaan baasa?
- ✓ Sababa adabbii salphiisu waliigalaa tokko yoo qabate adabbiin isaa meeqa ta'a?

Adabbii bu’uura 669 tiin murtaa’u

- Qabxiileen adabbii murteessuuf xiyyeeffataman:

1. Hanga qarshii
2. Gosa qabeenya hatamee
3. Eenyummaa nama gochicha raawwatee
4. Haala raawwii yakkichaati

- Bu’uura 669 tiin balleessaa qaba jedhamee erga murtaa’ee booda adabbiin yoo murtaa’u Lakk. 2-4 kan jiran sababoota adabbii cimsan waan ta’aniif sababoota adabbii cimsan 1,2,3 jedhamanii adda bahaniiru.

Fkn_

- ✓ Yakkamaan qabeenya qarshii 2000 baasu hate.
- Eenyummaan nama hatee nama aangoo bakka bu’ummaa qabu ta’ee qabeenya harka isaa gale irratti dha.
- Kanaafuu, wanti lama adda bahaniiru.

1. Hangi qarshii 2000 tti tilmaamama.
2. Sababiin cimsu tokko guutameera.

Waan kana ta’eefis:

- Bu’uura 669 tiin hangi qarshii 2000 ta’ee sababii cimsu tokko yoo jiraate sadarkaa 2 ta’a.
- Bu’uura 669 tiin sadarkaan yakkaa 2 adabbiin ka’umsaasaa gulantaa 9 ta’a.
- Adabbiin gulantaa 9 (waggaa 1 fi baatii 4 hanga waggaa 1 fi baatii 8 ta’a).
- Kanaafuu, reenjii kana keessatti abbaan seeraa adabbii ni murteessa.

Yakka Qaamaa fi Fayyaa Namaarratti Raawwataman Ilaalchisee

- Yakkootni qaamaa fi fayyaa namaarratti raawwataman .
- Tumaalee seera yakkaa kwt. 555-560 tti kan jirani yoo ta’u isaanis miidhaa qaamaa salphaa fi cimaa jedhamuun bakka lamatti hiramu.

Miidhaa qaamaa cimaa kwt. 555

- Akka qajeelfamichaatti adabbii murteessuuf abbaan seeraa kan irratti xiyyeeffatu.
- ✓ Miidhaa dhaqqabee fi
- ✓ Dirqama ogummaa qabaachuu yakkamaati

Kanaafuu miidhaan gahe:

- ❖ Fayyuu kan danda’uu?
- ❖ Kan yeroo maraaf hin fayyine (hin badne)?
- ❖ Lubbuu isaaf ni sodaachisaa? Kan jedhamaniif

Fkn

- Dhimma dhiyaate irraa miidhaan miidhamaarra gahe lubbuu isaaf kan sodaachisu.
- Yakkamaan dirqama ogummaa qabaachuun mirkanaa’eera. Kanaafuu, safartuu kana lamaan kan guutu qajeelfamicharraa sadarkaa yakkaa 7ffaa dha.
- ✓ Adabbii hidhaa murteessuuf sadarkaa 7 gulantaa 27 irratti kufa.
- ✓ Gulantaan 27 adabbii ka’umsaa waggaa 8 fi baatii shanii hanga waggaa 10 ti.
- ✓ Abbaan seeraa gulantaa kana keessatti adabbii murteessa. Fkn. Waggaa 9 jedhee murteessuu danda’a.

- Safartuuwwan kun haaluma wal-fakkaatuun kwt. 558 akkasumas 559 jalatti adabbii murteessuuf ni gargaara. Garaagarummaan gidduu isaanii jiru moral element (jajjaboowwan sammuu) yakkamaa ta’uu qofaa dha.

Adabbii Bu’uura 555/557n murteessuu

- ✓ Kwt. 557(1) walumaagalatti sababiiwwan adabbii salphisan qabata.
- ✓ Kanaafuu, sababootni salphisan kwt. 557(1) jala jiran guutamanii yoo argaman abbaan seeraa kallattiin gara gabatee adabbii murteessuuf qophaaheetti deema.
- ✓ Sadarkaaleen yakkaa isaanii wal-fakkaatu.
- ✓ Gulantaa adabbii murteessuuf qofa gara 557 kan deemu.
- ✓ Kanaafuu bu’uura 555 tiin balleessaa ta’ee bu’uura 557 tiin ammoo sababa adabbii salphisu kan qabu yoo ta’e akka armaan gadiitti adabbii murteessuu ni dandeenya.

Fkn;

- Miidhaan irra gahe Lubbuu isaaf kan sodaachisu yoo ta’ee fi dirqama ogummaa kan qabu yoo ta’e sadarkaan yakkaa isaa 7 ta’a.
- kwt 555/557 sadarkaan 7 gulantaa adabbii hidhaa 11, adabbii maallaqaaf immoo gulantaa 4 ta’a.
- Gulantaan 11 immoo hidhaa waggaa 1 fi baatii 8 hanga waggaa 2 fi baatii 2ti abbaan seeraa kana keessatti murteessa jechuu dha.
- Gulantaan adabbii maallaqaa 4 hanga qarshii 5000 ti. Kanaafuu abbaan seeraa maallaqaa hangasitti murteessu ni danda’a.
- Sababootni adabbii salphisan kan kwt. 557(1C) jala jiran yoo jiraatanillee miidhamaan akka 557(2)tti fedhii isaatiin kan miidhame ta’ullee fedhii isaa kan kenne garuu bu’aa hordofsiisu osoo hin beekin ta’uun yoo mirkanaa’e bu’uura 557(1)tiin gulantaa adabbii hidhaa irra gahamerratti gulantaa 7 dabaluun murteeffama.

Haaluma kanaanis:

- Sadarkaan 1 gulantaa 5 (baatii 6- baatii 9) kan ture gulantaan 7 irratti yoo ida’amu gulantaa 12 (waggaa 2 hanga waggaa 2 fi baatii jaha) ta’a.
- Sadarkaan 2 gulantaa 6 (baatii 8-waggaa 1) kan ture gulantaa 13 (waggaa 2 fi baatii sadii-waggaa 2 fi baatii 9) ta’a jechu dha.

- Hanga sadarkaa 7 gulantaa 11 (waggaa 1 fi baatii 8 hanga waggaa 2 fi baatii 2) kan ture gulantaa 18 (waggaa 3 fi baatii 7 hanga waggaa 4 fi baatii 4) ta’a. Haata’uutii baatiin afur (4) kan dhumaa baaxii seerichi kaa’e waan darbuuf irraa hir’ata.

Bu’uura 556 tiin Adabbii Murteessuu

- Bu’uura 556 tiin abbaan seeraa adabbii yoo murteessu wantoota xiyyeeffannoo keessa galuu qaban:

1. Miidhaan dhaqqabe safartuu kwt. 555 jala jiru hin guutu yoo ta’e adabbiin bu’uura 556(1) tiin murtaa’a.

- Kunis Gabaticha jalaa kwt. 556 tiif sadarkaa 1 yoo ta’u gulantaan adabbii hidhaa isaa 2 (guyyaa 10-baatii3)
- Haa ta’u malee miidhaan dhaqqabe salphaa ta’ullee kwt.556(2)jalatti sababooti adabbii cimsan kan jiran yoo ta’e adabbiin akka armaan gadiitti murtaa’a:

- 556(2) jalatti adabbii murteessuuf qabxiileen xiyyeeffannoo;

a)Meeshaatti fayyadamuu fi dhiisuu.

b)Dirqama ogummaa ykn dirqama biroo darbuu.

c)Miidhamaan dhukkubsataa,dadhabaa ykn ofirraa ittisuu kan hin dandeenye.

2. Sababoota kana keessaa tokkoon isaa qofti yoo guutame akka qaphxii adabbii cimsu 1 tti, lama yoo ta’e akka qaphxii adabbii cimsu 2 (Lamaatti) jechaa akkuma baay’ina isaaniitti sadarkaa yakkichaa haala cimsuu danda’uun qophaa’eera.

Fkn:

A)Yakkamaan meeshaa fayyadameera.

B)Miidhamaan dhukkubsataa ykn ofirraa ittisuu hin danda’u.

Fakkeenya kanarraa hubachuun akkuma danda’amu sababootni adabbii cimsan lama guutameera sababootni adabbii cimsan lama yoo guutaman immoo sadarkaa yakkaa 3ffaa ta’a.

- Sadarkaa 3ffaan gulantaa 7.
- Gulantaan 7 adabbii hidhaa waggaa 1 hanga waggaa 1 fi baatii 3 ti. Kanaafuu, abbaan seeraa reenjii kana keessatti murteessuu danda’a.

Yakkoota Saamichaaf(670) Adabbii Murteessuu

- Bu’uura kwt. 670 tiin adabbii Murteessuu
- Yakka saamichaan balleessaa erga jedhamee qabxiileen abbaan seeraa xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu.

A. Tilmaama qabeenya yakkichaan argachuu barbaade fi

B. Haala itti fayyadama humnaa ; Isaanis

1. Meeshaa osoo hin qabatiin ,
2. Meeshaa qabatee yoo ta’e ,
3. Meeshaa waraanaa qabatee.

Fkn.

- ✓ Yakkamaan qarshii 8000 fudhateera.
- ✓ Gochi humnaa kan raawwatame meeshaa miidhaa dhaqqabsu qabachuuni.
- ✓ Gabatee safartuun kun lamaan guutanii keessatti argaman yoo ilaallu sadarkaan yakkaa 3.

- Sadarkaan yakkaa 3 immoo gulantaa 11.
- Gulantaan 11 immoo adabbii waggaa 1 fi baatii 8- waggaa 2 fi baatii 2.
- Kanaafuu abbaan seeraa reenjii kana keessatti adabbii mura.

Bu’uura 671(saamichaa cimaa) tiin Adabbii Murteessuu

- Safartuuwwan adabbii kana murteessuuf taa’an:
- Hanga maallaqichaa
- Yakkichi gareen raawwatamuu ykn meeshaa itti fayyadame dha.

Fkn 1ffaa

- Hangi maallaqaa 2000 yoo ta’e.
- Yakkichi gareetiin kan raawwatame yoo ta’e.
- Bu’uura 671 tiin sadarkaa 1 irra bu’a, kunis gulantaa adabbii 21 ta’a jechuudha.

Fkn. 2ffaa

- Hangi maallaqichaa 2000 ta’e.
- gocha humnaa meeshaa miidhaa geessisu fayyadamee miidhaa qaamaa geessiseera.
- Bu’uura 671 tiin sadarkaa yakkaa 2. Gulantaan adabbii 22 ta’a.

4.4 Murteessa adabbii Yakkoota sadarkaan Hin baaneefii

- Yakkoota sadarkaan hin baaneef balleessummaan erga mirkanaa’ee booda abbaan seeraa kan armaan gadii raawwata.

Yakkoota Adabbii Hidhaatiin Adabsiisan

- Tumaa seeraa yakkichaa irratti hundaa’ee yakkicha gadi aanaa, giddugaleessaa fi ol’aanaa jechuun addaan qooda, kanaafis sababa isaa kaa’a.
- Adabbii seera yakkichaarra taa’e jalqabaa hanga baaxii isaa bakka wal-qixa afuritti qooda.
- Itti aansuudhaan sadarkaa yakkichaa **Gadi aanaa** isa ta’eef sadarkaa 1ffaa keessatti adabbii murteessa, **Giddugaleessa** isa ta’eef sadarkaa 2ffaa keessatti adabbii murteessa, **Ol’aanaa** isa ta’eef sadarkaa **3** keessatti adabbii murteessa.

- Kanatti aansuun, adabbii murteesse gabatee maxxantu 1 jalaa gulantaa kam jalatti akka kufu ilaalee adabbii murteessa (Sababootni adabbii cimsanii fi salphisan yoo hin jiraanne kun hin barbaachisu).

Fkn.

- Yakki kan raawwatamee labsii lakk. *608/2001 (Income tax proclamation)* kew-99(1C) biraa darbuun yoo ta'uu balleessaa jedhameera.
- Abbaan seerichaa yakka raawwatamee kana wajjiin wal qasiisuun hama qarshii yakkamaan fudhatee fi aangoo inni qabu wajjiin ilaalee sadrkaan yakkichaa **giddu galeessaati** kan kufisani jechuun moggaase.
- Itti aansuun adda addummaa waggaa 10 fi 20 giddu jiru baasa (waggaa 10).

Kuni afuriif yoo hirame tokkoon tokkoon isaa waggaa 2 fi baatii 6 ta’a. Waan kana ta’eefis:

- ✓ Sadarkaan Gadi annaa waggaa 10-W.12 fi B.6
- ✓ Sadarkaan Giddu galeessaa W.12 fi B.6-W.15
- ✓ Sadarkaan Ol’aanaa immoo W.15-W.17.6
- ✓ Sadarkaan inni haafuu W.17.6-W.20 (yeroo sababoota adabbii cimsan jiran qofa kan ilaalamu dha) .
- ❑ Abbaan seerichaa “giddugaleessa” jedhee waan moggaaseef waggaa12 fi baatii 6 irraa hanga waggaa15 keessatti kufa.
- ❑ Kanaafuu manni murtii kana giddutti murtessuu ni danda’a jechu dha.
- ➢ waggaa 14 fi baatii jaha jedhe murtessee haa jennuu,

Gaaffii:

- ❖ Yakkamaa sababoota adabbii salphisuu *tokko* yoo qabaate adabbiin isaa irratti murtaa’u meeqa ta’a ?
- ❖ A/Alangaa sababoota adabbii cimsan sadii kan dhiyessee yoo ta’ee adabbiin yakkamaa irratti murtaa’u meeqa ta’a?

Fkn._

- Yakki raawwatame dirqisiisanii gudeeduu yoo ta’u kwt. 620(1) jalatti balleessaa jedhameera.
- Akka kwt. 620(1) tti adabbiinsaa waggaa 5 hanga 15 tti.
- Abbaan seerichaa yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwate kanaan wal-qabsiisee fkn.
- Miidhamtuun nama yakka isheerratti raawwate kan duraan beektuu fi kan amantaa irraa qabdu ta’uushee fi
- Yakka irratti raawwachuuf yoo yaalamu yaalii ofirraa ittisuu waan taasisteef humna fayyadamee miidhaa qaamaa saalphaa kan irraan gahame ta’uu.
- Sababoota kana erga kaa’ee booda kunneen sababoota ulfaatina (ciminaa) yakkichaa sadarkaa **giddu galeessaati** kan kufisani jechuun moggaase.
- Itti aansuun adda addummaa waggaa 5 fi 15 gidduu jiru baasa (waggaa 10).

- Kuni afuriif yoo hirame tokkoon tokkoon isaa waggaa 2 fi baatii 6 ta’a. Waan kana ta’eefis
- Sadarkaa Gadi annaa – waggaa 5 hanga waggaa 7 fi baatii 6
- Sadarkaa Giddu galeessaa – waggaa 7 fi baatii 6 hanga waggaa 10.
- Sadarkaa Ol’aanaa – waggaa 10 hanga waggaa 12 fi baatii 6
- Sadarkaa itti annuu – waggaa 12 fi baatii 6 hanga waggaa 15 ta’a.
- Abbaan seerichaa “giddugaleessa” jedhee waan moggaaseef sadarkaa 2ffaa keessatti kufa.
- Sadarkaa 2 waggaa 7 fi baatii 6 hanga waggaa 10 ti kanaafuu kana keessatti adabbiisaa murteessa. Waan ta’eefis waggaa 8 jedhee murteesse haa jennu.

- Gulantaan hidhaa waggaa 8 gabatee 1ffaa irraa gulantaa 25 fi 26 keessatti kufa.
- Qajeelfamichi gulantaa isa xiqqaa filadhu waan jedhuuf gulantaan 25 ni filatama. (kan cimsu ykn salphisu yoo jiraate adabbii cimsuuf ykn salphisuufi)

Yakkoota sadarkaan hin baaneefi maallaqaan adabsiisan hoo?

- Qajeelfama kwt.13 xiq.10 .
- Sadarkaa ol’aanaan hanga baaxii adabbii tumaa addaa keessatti tumameetti adabsiisa.
- Sadarkaa Giddugaleessi baaxii-1/3(baaxii) hanga gahutti adabsiisa.
- Sadarkaa gadi aanaan hanga baaxii-2/3(baaxii) gahutti adabsiisa

Duraa duuba Adabbii shallagu

Gosoota Yakkaa Sadarkaan Baheefi

1. Murtiin balleessummaa erga kennamee booda bu’uura qajeelfamicha kutaa 3ffaa keessatti taa’een sadarkaan yakkichaa murtaa’a.
2. Itti aansuun gulantaa sadarkaan yakkichaa keessatti kufu gabatee adabbii maxxantuu 1ffaa irraa adda baafama.
3. Itti aansuun reenjii gulantichaa keessatti adabbiin murtaa’a.
4. Sababoonni adabbii cimsan addaa yoo jiraatan akka qajeelfamichaatti adabbichi cimsamee gulantaan keessatti kufu ilaalamee adabbiin murama.
5. Itti aansuun sababoota waliigalaa adabbii cimsan kan ragaan mirkanaa’an yoo jiraate bu’uuruma kanaan gulantaan guddifamee adabbiin murtaa’a.
6. Sababoota adabbii salphisan ragaan mirkaanaa’an irratti hundaa’uudhaan gulantaa hir’atu adda baafachuudhaan hir’atee gulantaa kam keessatti akka kufe ilaaluun adabbiin murtaa’a.

7. Adabbiin murtaa’u hidhaa baatii jahaa ykn baatii jahaa gadi yommuu ta’utti gabatee qajeelfamichaan walqabatee irraa ilaaluun gara hojii dirqamaatti jijjiiruun ni danda’ama.
8. Yeroo adabbiin salphatus akka tumaa seerichaatti gara adabbii maallaqaatti yoo jijjiirru bu’uura qajeelfama kanaatiini.

Fkn.1ffaa_

- Yakkamaan s/y kwt. 665 cabsuun qabeenya qarshii 3000 hatuun isaa mirkanaa’eera.
- Sababootni adabbii cimsan lama jiraachuun mirkanaa’eera.
- Sababootni adabbii salphisan sadi mirkanaa’an.

Duraa duuba Adabbichi Itti Murtaa’u

1. Faayidaa yakkicharraa argamerratti hundaa’uun kwt. 665 sadarkaa yakkaa 3 keessatti kufa.
2. Sadarkaan yakkaa sadi (3) gulantaa adabbii 6 keessatti kufa. Adabbiin gulantaa 6 (baatii 8-waggaa1)
3. A/Seeraa reenjii kana keessatti ka’umsa adabbii murteessa. Fkn hidhaa salphaa baatii 10 ta’uu danda’a.
4. Sababootni cimsan lama waan jiraniif gulantaa lamaan guddisa. Kanaafuu, `
5. Gulantaa 6 kan ture gulantaa 8 ta’a (waggaa 1 fi baatii 2 hanga waggaa 1 fi baatii 6)
6. Sababootni salphisuu sadi waan jiraniif gulantaa gadi hir’isa. Kanaafuu gulantaa 5 irratti kufa.

Gulantaan 5 (baatii 6- baatii 9)

7.Gulantaa kana keessatti adabbii murteessa. Fkn baatii 8 jechuun murteessuu danda’a.

- Waan kana ta’eefis hidhaa salphaa baatii 8 akka adabamu murtaa’eera jedhee kaa’a.

Fkn. 2ffaa_

- Yakkamaan yakka lamaan balleessaa jedhameera
- Yakka saamichaa 671 tiin balleessaa qaba.
- Meeshaa miidhaa geessisu qabatee sin ajjeesa jedhee sodaachisuun miidhaa qaamaa dhaqqabseera.
- Faayidaan argame 1500 dha.
- Dabalataan qarshii 10,000 yakka gowwoomsuutiin kwt 692 jalatti balleessaa qaba.
- Sababiin adabbii cimsu tokkoo fi salphisan 3 jiraachuun mirkanaa’eera.

Duraa Duuba

- Yakka saamichaa raawwatameen 671 sadarkaa 2 jalatti kufa.
- Sadarkaan yakkaa 2 gulantaa 22 ta’a.
- Adabbiin gulantaa 22 (waggaa 5 fi baatii 6- waggaa 6 fi baatii 7 ta’a)

- Abbaan seeraa reenjii kana keessatti murteessa. Yoo murteessu waggaa 6 jedhee murteesse haa jennu.
- Yakka waliin gowwoomsuutiin qarshii irratti hundaa’ee kwt. 692 sadarkaa 4 keessatti kufa.
- Sadarkaan yakkaa 4 adabbii hidhaaf gulantaa 8 keessa dha. (waggaa 1 fi baatii 2- waggaa 1 fi baatii 6)
- Abbaan Seeraa hidhaa waggaa 1 fi baatii 3 murteesse haa jennu.
- Adabbiin yakkoota lamaaniifuu taa’e ni ida’ama. Yoo ida’amu waggaa 7 fi baatii sadi (3) dhufa.
- Hidhaan waggaa 7 fi baatii 3 gulantaa 24 fi 25 keessatti kufa.

- Hidhaan waggaa 7 fi baatii 3 gulantaa 24 fi 25 keessatti kufa.
- Isa xiqqaatu filatama waan ta’eef gulantaa 24 ta’a. Sababootni adabbii cimsanii fi salphisan hundi akka armaan gadiitti shallagama.
- Sababni cimsu tokko waan jiruuf gulantaa 1 waan guddatuuf gulantaa 25 ta’a.
- Sababootni salphisan waan jiraniif <u>adabbiin inni cimaan ka’umsisaa waggaa 1 waan ta’eef tokkoon tokkoo sababootaaf gulantaa 2 hir’isa</u>. Waan ta’eefis sababootni sadi (3) gulantaa 6 hir’isee gulantaa 19 irra bu’a.
- Reenjiin adabbii gulantaa 19 (waggaa 4-waggaa 4 fi baatii 10ti). Abbaan seeraa kana keessatti adabbis murteessa. Fknf waggaa 4 fi baatii 6 jechuu danda’a.
- Yakka gowwoomsuutiin gulantaan adabbii maallaqaa 3 keessa. Baaxiin isaa hanga qarshii 3000 dha. Kanaafuu qarshii 3000 osoo hin caaliin adabbiin murtaa’a.
- Waan kana ta’eefis dhumarratti yakkamaan hidhaa cimaa waggaa 4 fi baatii 6 fi qarshii 3000 akka kaffalu jechuun murtoon adabbii taa’a.

Duraa Duuba Adabbiin Yakkoota sadarkaan hin Baaneefi Itti Murtaa'u

1. Murtiin balleessummaa erga kennameen booda tumaa seerichaa irratti hundaa'uun akka cimina yakkichaatti "gadi aanaa" ykn "giddu galeessa" ykn "cimaa" jechuudhaan abbaan seerichaa adda baafata.
2. A/Seeraa, cimaa, gadi aanaa ykn giddugaleessa sababa itti jedhe ni kaa'a.
3. Itti aansuun adabbii tumaa seeraa jalatti balleessaa jedhamee ka'umsaa hanga baaxii jiru bakka wal-qixa afuritti hiree gulantaasaa 1-4 tti adda baasa.
4. Gulantaa adabbiin itti murtaa'u adda baafatee adabbii ka'umsaa murteessa.
5. Adabbiin murteesse gabatee maxxantuu 1ffaa irraa gulantaa kamirratti akka kufu murteessa.
6. Sababootni adabbii cimsan addaa yoo jiraatan akka qajeelfamichaatti adabbii cimsee gulantaa irra gahus murteessa.
7. Itti aansuun sababootni adabbii cimsan waliigalaa yoo jiraatan gulantaa dabalee adabbii murteessa.

8. Sababootni adabbii salphisan ragaan mirkanaa’an yoo jiraatan gulantaa hir’ifamu adda baafatee gadi bu’ee bakka gulantaan irra bu’u ilaalee adabbii murteessa.
9. Hidhaa hanga ji’a jahaatiif gara hojii dirqamaatti jijjiiruun ni danda’ama.
10. Yeroo adabbiin salphifamu hidhaa gara maallaqaatti jijjiiruun ni danda’ama. (Bu’uura qajeelfamichaan ta’a.)

FKN_

- S/y kwt. 540 tiin balleessaa jedhameera.
- Sababootni adabbii cimsan 2 fi sababootni adabbii salphisan lama jiraachuun mirkanaa’eera.

Duraa Duuba

- A/Seeraa balleessicha akka ciminasaatti gadi aanaa jedhee moggaaseera.
- Reenjiin tumaa seerichaa bakka afuritti hirama
  - *Gulantaa 1 (waggaa 5-9)*
  - *Gulantaa 2 (waggaa 9-13)*
  - *Gulantaa 3 (waggaa 13-16)*
  - *Gulantaa 4 (waggaa 16-20) ta'a.*
- A/seerichaa balleessicha gadi aanaa jedhee waan moggaaseef gulantaa jalqabaa keessa waggaa 6 jedhee murteesse haa jennu.
- Waggaan 6 gabatee gulantaa isa haadhoo keessaa gulantaa kam jalatti akka kufu adda baafna (gulantaa 21 fi 22 dha).
- Gulantaa isa xiqqaa 21 fudhatamee ka'umsa ta'a.
- Sababootni adabbii cimsan waliigalaa lama waan jiraniif gulantaa lama dabalee gulantaa 23 ta'a.

- Yakkichi adabbii ka’umsaa waggaa 5 qaba. Qajeelfamicharraa kwt. 16(6) yakkootni ka’umsa adabbii waggaa 1 oli fi waggaa 7 gadi qaban sababa adabbii salphisu waliigalaatiin sababa tokkoof gulantaa lama hir’isu jedha.
- Sababni adabbii salphisu lama waan jiruuf walumatti gulantaa afur hir’isa jechuu dha. Kanaafuu 23 irraa gara 19 tti hir’isa.
- Gulantaan 19 hidhaa waggaa 4- waggaa 4 fi baatii 10 dha. Kanaafuu abbaan seerichaa waggaa 4 fi baatii shan murteessuu ni danda’a.
- Walumaagalatti hidhaa cimaa waggaa 4 fi baatii shanii akka adabamu murteesseera jechuu ni danda’a jechuu dha.

GALATOOMA!